# 30. YESON NAMICHA KOKOTAAE FAYYISE ARAARAMAAFI

**Mariko 2:1-12**

Eegi bulti diqo, Yesoni Kapernaumuti gallaani, biyyiti aka inni gale d'ageete. Nami hedduuni wolti bahe, afaani balbalale fulla bahaniini d'abani. Inni dubbi Waaqa worrati hasae. Jennaani nami afuri nama toko ka kokotae baate isatiini d'ufe. Ammo maro gumitiifi Yesoti d'iaachu dad'abani. Jennaani gubba mana saaqani gararo isaa, afaani iti tolchani, wosaasa namichi ira ch'iisu gadi buusani. Yesoni d'ugefacha jara kana arginaani, waan nama kokotae kaaniini jed'e, Gurba, daba kanke ya si araaramani.

Jari Seera beekhu ka achi jiru garaa ufi keesati waan jed'e, Namichi kuni akami akana dubbata? Waaqa arabsayu? Eentu dandae daba nama araarama, Waaqa male?

Jennaani Yesoni aka worri garaa ufi keesati waan kana heregu beennaani waan jed'eeni, "Isani maafi waan akana kana garaa keesani keesati hereddani? Tamiti ira laaftu, aka nama kokotae kanaani, Daba kanke la si araaramani jed'ani mo, Kai, wosaasa tante fud'ad'u, gali jecha? Ammo aka Ilmi Nama lafa tana irati jabeenna daba nama araaramuuni qabu argitani", inni namicha kokotae kaaniini waan jed'e, "Kai, wosaasa tante fud'ad'u, gali" jed'e. Inni kae, wosaasa ufi fud'ate, nama ch'ufa durati iti d'aabate. Tanaafi nami ch'ufti mame, Waaqa guddisani, "Nu waan akana kana taka ingarre" jed'an.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u> : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Karaan atin ufi irra baate jaala kanke qarqaarten kha atin qaabatu jira? Yokhaan karaan jaali kanke ufi irra bahe si qarqaaren?

**<u>ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-</u>**

**<u>What do we learn from this story about JESUS?</u>**

- **Oduun tunini kara kamiini humnaafi jabeenna Yeso garsiifti?**
    - Inni naafumaafi fayd'abaa irraati jabeenna fayyisuun qaba.
    - Inni jabeenna ch'ubbu namaa araaramuun qaba.
- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi (Yesoni) waan ch'ufa beekhu garsiifti?**
    - Yeson onne barsiiftota imbeekhe.

    - Yeson onne namicha qomaat'a qabuutifi ta jaalowan isaalle imbeekhe. Inni d'ugeefacha worra arge owaatefi.
    - Inni kara jabeenna ch'ubbu namaa araramiin garsiisu imbeekhe- nafa isa fayyise garsiise.

- **Oduun tunini kara kamiin akka Waaqi (Yeson) qulqulloo garsiifti? (Akka inni kha d'ugaa, qajeela, abba seera kha ch'ubbu jibbu, ka duisan gati ch'ubbuu baasu)**
    - Shakkiin Yeso ingammaachiiftu. Inni d'ugeefacha d'abiisa barsiisftota seera arge loleeni.
    - Waaqi qit'ee irru tokolle hinqabu. Inni nafa worra ch'alla inerrenne, ammo hafuura woralle inerrege. Inni ilme nama ta ch'ubbu keess bade baasu fed'e.

- **Oduun tunin kara kamiin akka Waaqi (Yeson) abba naasu garsiifti?(abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**
    - Inni ch'ubbicha araarameefi, ammalle nafa isaalle fayyise.
    - Inni shakki ch'ubbuu ta barsiiftota seera gabaase, duuba qoommi worri araara gale d'ugeefatuun kenneefi.
    - Inni gumiifi worra woldeenna isa moromiin iti d'ufe ch'ufa obsaan tajaajile.
    - Inni worra suniifi nulleeti ufi mullise.
    - Yeson, Ilmi Waaqa, qoommi fud'ate, ch'ubbaleyi waliin taae obsaan worra barsiise.
    - "Waaqa ch'allaati dandae ch'ubbu namaa araarama!" Yesollen ch'ubbu namaa araarame, akkas jechuun inni Waqa jechuu.
- **Oduun tunini kara kamiin akka Waaqi (Yeson) kha d'ugeefatame garsiifti? (Akka inni hinjijiiramne, kha kakhu ufi guute waan jed'e jabeesu).**
    - Inni naafa infayyisa jed'e, akkasuma fayyise!
    - D'ukkubaafi ch'ach'abuun gaafa nami Oobru Edeni keesati Waaqati duda gale jalqabde. Baasan Kakhatame abaarsa ilaalachaan Sheet'ana d'ufteen ch'ufa gargalche. Inni akka ch'ubbuufi d'ukkuba irraati jabeenna qabu garsisa. Tunini akka inni Baasa duri Waaqi gumii isaati kakhate garsiifti. Inni abaarsa gargalcha!

**<u>Oduu tan keessa, waan NAMA maan baranna?</u> (Fakkeenna: akka inni Waaqa duraati gati qabu; akka inni chubbicha; akka inni ufi qarqaaru hindandeenne.)**

- Yeson nam jaalate, kara hedduni naasu isa garsiisa akkuma namicha naafa suni garsiise.
- Rakkon ilme nama guddoon rakko ch'ubbuuti, Waaqan gargari nam baafti.
- Namichi qomaat'a qabu dandeeti ufiitini Yesoti d'ufu hindandeenne. Ilmeen nama jabeenna dandeete baafama ufii kennituun hinqabdu.

**Oduu BAAFAMA tana keessa nu maan baranna? (Nami akkamiin dandae gara Waaqa d'ufa) (Fakeena. Inni kara yaadafi fed'i Waaqa ch'allaan dandae Waaqati d'ufa. Inni akka baafama argatu d'ugeefate ammalle ch'ubbu irra deebiu male).**

- Yeson worra isa d'ugeefate inowaatefi. Inni d'ugeefacha iti owaata.
- Waan jaalowan isa gubba mana banteefi fula woraati dallanu, inni d'ugeefacha worra arge galateefate.
- Gumaan d'ugeefachaa hujii. Jaalowan afureen ufbaafte jaala worra gara Yesoo fidde.
- Nu dandeenne d'ugeefacha Yesoti owaanne tolaeeba Waaqa guutamsaan arganna. Inni d'ugeefacha isa "deeman" garsiise.
- "Baafami maqa d'ibi kees hinjiru." (Huji Ergatuu 4:12).

**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani:**

- Kara kamiin oduu tana lallaba dubbi Waaqa keesati huji irra oolchita? Isiin kara kamiin danddeete jaala kanke kha badi kees jiru Wengela iti d'iyeesiti?
- Namichi qomaata qabu, d'ugeefacha isa "deeman garsiise." Jireena keenna keesati karaan buqifata d'ugeefacha jabaati nu yaamaniin kami fa?

**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **Jireena kanke keesati d'io tana, kara kamiini naafumma tante argite, akka ufi baasu hindandeenne?** Jireenna kanke keesati fula tami? Atini maan irraati Waaqa d'ugeefachu dad'abuuti jirta? Atin kara kamiini d'ugeefacha tante miila Yeso jala keete qarqaarsa isa gaafachu dandeeta?
- Namichi **"deemaani"** d'ugeefacha isa garsiisu fed'e, akka fayinna guutamsaan argatu. Jireenna kanke keesati **rakkinna d'ugeefacha feesisu** tokolle qabda? Buqifata fud'achuun kanke maan fakaati, akka d'ugeefacha jireenna kanke keesati huji irra oolchitu?